## Mariisaan jiraatota bakka 159 Melrose banamee jira

Jiraatoti 159 Melrose qorata (servey) gabaabduu akka guutaniif afeeramanii jiran.

Kun unka (form) kan bakka biroo ittiin qubsiisaman miti. Yeroo bakka biroo qubsiisnu hawaasichaaf maal akka barbaachisu karoorsuuf nu gargaara.

Xalayaa, email fi dhaamsi bilbila harkaa irratti koodii of adda tahe waliin jiraatotatti ergamee jira.

Fuula (webpage) qorannaa (survey) qabu seenii hanga sa'aa 12 waaree boodaa, Bitootessa (March) 27 bara 2026 koodii adda tahe sana itti galchi.

Yoo qorata kana toora interneetaa (online) guutte **10 keessaa 1 taatee kennaa kaardii maallaqaa (gift vouchers) $200** Woolworths, BigW yokin EG Ampol Fuel jedhu irraa gaaza ittiin guuttattu argachuuf carraa qabda.



Koddii QR qori (scan) yokin **homes.vic.gov.au/relocations-survey** jedhu ilaali

- Asitti gaaffiilee keessan deebisuuf. — Amajjii (January) 2026
- Fedhiiwwan hawasaa hubachuuf isin dhaggeeffachaa jirra. — Guraandhala (February) 2026
- **Hawaasa waliin wal arguun itti fufa** — Bitootessa (March) 2026, Ebla (April) 2026, Caamsaa (May) 2026
- Deggarsa deebisanii qubsiisuu fi wiirtuun deebisanii qubsiisuu ni banama. — Waxabajjii (June) 2026
- **Kireefattooti bakka biroo qusiisamuuf gargaarsi ni godhamaaf** — Adoolessa (July) 2026 – Guraandhala (February) 2028

## Wal-quba qabeenya qabaachuu


**Sagantaalee odeeffannoo**

**Dubdeebii Gorsaa**

**Odeessa haarayaaf galmaawaa**

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/north melbourne-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria** irratti nu hordofaa

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Homes Victoria, Bitootessa 2026. (HV007026). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

Oromo / Oromoo

Bitootessa 2026

homes victoria

**IJAARSA MANNEEN GURGUDDOO (BIIG HAAWUSING BIILD)**

Odeessa Hawaasa
**Noorz Meelboorniif**



**Waan bakka hojii sanatti ta'aa jiru**

**Kabajaa ayyaana Eid nu waliin kabajaa**

Dilbata (Sunday) Bitootessa (March) 29 bakka Buncle Reserve

**Ijaarsa haaressuu (repairs) kan bakka Sutton Street ni jalqaba**

Hojiiwwan gurguddaan gidaara gama alaa, koriidarootaa fi kutaa miiccaa keessatti itti fufu

**Mariisaan jiraatota bakka 159 Melrose banamee jira**

Waan hawaasi barbaadu akka hubannu nu gargaaraa. Qorati (survey) Bitootessa (March) 27 cufama

# Jiraatota bakka 159 Melrose Street as jira

Mariisaan jiraatota bakka biroo qubsiisuu amma banamee jira

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

# North Melbourne keessatti maaltu tahaa jira

## Bitootessa 2026

### 33 Alfreed Stiriit

**Jiraattota yeroo kana deebi'anii qubachaa jiran**

**Hojiiwan**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Wantoota bubuqqa'uu qaban manneen onfaman keessaa kaasuu
- Ulaan to'annoo itti tolchama, elektirik galuun ni ilaalama, ni sirreeffama
- **Kamisa Bitootessa (March) 12** sagalee guddaan tokko tokko yeroo gabaabaaf ni dhagahama.

**Beellama Waajjira Manneenii naannoo**

Gartuu waajjira manaa kan naannichaa irraa amma bakka 12 Churchill Avenue, Ascot Vale jedhutti ni argamu.

Ammallee garee hojii Noorz Meelboorn qunnamuu dandeessa:

- Akkuma yeroo kaanii waajjira dhimma manaa keetti bilbili yokin email itti ergi
- Waajjira manaa kee kan North Melbourne jiru baallama qabachuuf itti bilbili yokin email itti ergi
- waajjira Askoot Veel'tti yeroo feetetti qaamaan argamii dubbisi

### 159 Melrose Street

**Sadarkaa itti aanu kan deebisanii misoomsuu**

Waa'ee deebisanii qubachuu fuulduraa irratti jiraattota, hiriyootaa fi maatii waliin haasawuuf as jirra. Guyyaa fi sa'aatii sagantaaleen jiranu beekuuf poostaroota fooyarii keessaa hordofi.

### Naannoo jireenyaa

- Kontiraatoti fi kanneen abboomsa itti qaban guyyoota adda addaa bakkicha deemani ni ilaalu.
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Qorannoo lafaa nageenya gara fuula duraa daangaalee bakkootaa irratti




### 12 Sutan Stiriit

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

- Haaressi manaa barbaachisaa tahe Ebla (April) 2026 irraa hanga Mudde (December) 2026 gaggeessama
- Hojjetoonni gidaarota gama alaan jiran qunnamuuf waltajjii lafaa fayyadamu
- Hojjetoota koriidaroota, sadarkaalee fi kutaa gogsistuu keessatti

### 76 Kaaniing Striit

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

- Hojiin suphaa murteessaa Onkoloolessa 2025 hanga Waxabajjii 2026
- Hojjetoonni gidaarota gama alaan jiran qunnamuuf waltajjii lafaa fayyadamu
- Hojjetoota koriidaroota, sadarkaalee fi kutaa gogsistuu keessatti
- Danqaraaleen nageenya tiksuuf ni kaayamu

## Kabajaa ayyaana Eid nu waliin kabajaa!

Xumura Ramadan kabajuun (baatii tsomanaa fi miira of tasgabbeessuu) Eid yeroo gammachuu kan maatii fi saayiboota walitti fiduu dha. Hawaasi hundi itti afeeramanii jiran!

- **Diulbata (Sunday) Bitootessa 29, waaree booda sa'aa 1-5 bakka Buncle Street Reserve**
- **Dorgommii bakka agarsiisaa (stalls) dorgommii isportii, dibannaa fuulaa (face painting), nyaataa fi xabiisa!**

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga
Waaree booda sa'aatii 7 gidduutti

**Sanbata duraa**
Waaree dura sa'aatii 9 hanga
Waaree booda sa'aatii 3 gidduutti

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

**1300 360 462** **northmelbourne.housing@dffh.vic.gov.au**

Yeroo tokko tokko sa'aa hojii keessaa ala hojjechuuf yeroo barbaachisu hayyama gumii gaafanna garuu yoo akkas kan tahu tahe jiraatota ni beeksisna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

## Yeroo raaw'ii hojii deebisanii misoomsuu

33 Alfred Street, North Melbourne

**Yeroo jiraatoti manneen kana keessa jiraataa jiranitti manichi hin diigamu.**

### 2025

**1. Caalaatti barachuu fi wantoota nageenya akka qabatan gochuu**

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

### 2026

**2. Qophaa'uu**

- Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Nageenya miilaan-deemtota, konkolaataalee fi bakka dhaabbii konkolaataa mijeessuu
- Ijaarsa manichaa jabeessuuf keessi isaa kan hojjetamu
- Wantoota bubuqqa'uu qaban manneen onfaman keessaa kaasuu

**3. Diiguu**

- Waan irra dhaabatanii jaaran tolchuu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**